toltuu darbee waliin islaamummaa fudhatte

Hakiim ilma Hizaam irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nin jedhe:Yaa ergamaa Rabbii, jaahiliyyaa keessatti sadaqaa yookaan gabra bilisa baasuu fi firooma fufuu irraa wantoota an ittiin gabbara raawwadhuutu ture, isii keessatti mindaan naaf jiraa? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "toltuu darbee waliin islaamummaa fudhatte".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kaafirri yeroo islaamummaatti seene dhugumatti inni sadaqaa yookaan garbicha bilisa baasuu yookaan firooma fufuu irraa hojiiwwan gaggaarii waan islaamummaan duratti jaahiliyyummaa keessatti hojjataa ture irratti akka mindeeffamu ibsani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65016